KA’I QEERRO!!

National Oromian YOUTH Movement

**SOCHII DARGAGGOOTA BIYYOOLESSAA KAN BILISUMMAA FI DIMOKIRAASII (SDBBD)**

**OROMO YOUTH MOVEMENT FOR FREEDOM AND DEMOCRACY (OYMFD)**

## Dhaabni Oromoof wareegama hin kaffalle Oromoof qabsaa’e jechuu hin danda’u

### Ibsa Qeerroo Bilisummaa Irraa bahe

Oromoon waanjoo garbummaa jalatti kufe jedhee guyyaa tole jedhee bule hin qabu. Guyyaadhaa gara guyyaattu Fincila diddaa garbummaa gaggeessaa jira. Kun Uummatni Oromoo dhaaba isaaf qabsaa’u cinaa dhaabbachuudhaan qabsoo gaggeessaa akka jiru kan mirkaanessu dha. Kana jechuun ammoo Uummata Oromoof qabsaa’ee hiree Murteeffannaa Oromoo guutummaan mirkaneesseen jira kan jedhu OPDOn Oromoof qabsoo kamuu akka hin taasisne ykn fedhii Uummata Oromoo akka hin guutneef mirkaneessa. Osoo OPDOn Uummata Oromoof qabsaa’ee Mootummaa Dargii hundeedhaan buqqise tahe qabsaa’ota OPDO keessaa wareegaman ni qabaata ture. Garuu OPDO keessaa ykn ammoo Miseensa OPDO tahee kan Uummata kanaaf wareegama lubbuu kaffale tokko illee hin jiru. Bilisummaa wareegama malee hin dhufne Uumamni OPDO kun ni fashalsa jechuu dha. Ilmaan Oromoo qaqqaalii Oromoof of wareegan kanneen akka Elemoo Qilxuu, Baaroo Tumsaa, Guutamaa Hawaasii fii kanneen biroo ammoo OPDOn maqaa dha’uu illee ni lagatti. Wareegamni Gootawwan kun kaffalan wareegama Barattootni, Barsiisotni Uummatni Oromoo walii gala har’a itti kaffalaa jiru waliin waan wal fakkaatuufi. Uummatni Bilisummaa isaa mirkaneeffate Eenyummaa isaan hin hidhamu, hin ajjeefamu. Uummatni Oromoo garuu Oromummaan hidhama ni

ajjeefama. Kanaaf Uummatni kun hanga ammaa qabsoo irra jiraachuu mirkaaneessa. Sabni qabsoo irra jiru ammoo garboome jechuun hin danda'amu. Kan garboome shira diinaa fi akeeka diinaa fudhatee kan tarkaanfachiisaa jiru dhaaba OPDO fi kanneen Oromoo keessatti of bixxiluun akeeka diinaa galmaan geessiaa jirani dha. Dhaabotni akkanaa Oromoof wareegama kaffaluu irra Oromoo garbummaa keessatti hambisuuf hojjechaa akka jirtan hubachuudhaan waanjoo garbummaa diinaa jalatti kan kufe isin tahuu hubattanii garbummaa jalaa of baasuun keessan amma jenna.

Qeerroo Bilisummaa

Guraandhala 2015